# XIINXALA ITTI FAYYADAMA JECHOOTAA KITAABA ASOOSAMAA GALFATA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUU: ALAMNASH ADIMAASUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

# XIINXALA ITTI FAYYADAMA JECHOOTAA KITAABA ASOOSAMAA GALFATA IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAQAA QORATTUU: ALAMNASH ADIMAASUU**

**GORSAAN: DINQEESSAA DHEERESSAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII BACHILARII AARTII**

**AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI QUUNNAMTII**

**GAMISAAN GUTTACHUUF DHIYAATE**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA**

**JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII**

**YUUNIVARSITII FINFINNEE**

**FULBAANA 2014/2021**

**FINFINNEE OROMIYAA**

## Galata

Hunda dura bu'aa ba'ii jireenyaa keessa na dabarsee Sadarkaa kanaan kan na gahee hojii koo kana hojjedhe akkan xumuruuf kan na gargaaree Waaqayyoon nan galateeffadha. Itti aansuun akkaataa qorannoo geggessuu keessatti nuffee osoo hin jedhiin irra deddeebiin kan na sirreessaniifi karaa na qabsiisan Dinqeessaa Dheeressaatiif galanni koo guddadha. Akkasumas, Abbaakoo obbo Adimaasuu Namarraa, haadhakoo aadde Ilfinash Walduu, obboleessakoo Gammachiis Adimaasuufi, hiriyootakoo mara jalqabaa kaasanii hanga dhummaatti wantoota na barbaachiisan naaf guutuun milkaa'ina qorannoo kootiif deggersa baajetaa naaf godhaan guddaan galateeffadha.

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

Galata ........ i

Baafata ........ ii

*Axereera* ........ iv

BOQONNAA TOKKO: Seensa ........ 1

1.1. Ariirrata Qorannichaa ........ 1

1.5 Daangaa Qorannichaa ........ 4

1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 4

1.7. Saxaxa Qorannichaafi Malleen Qorannichaa ........ 5

1.7.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 5

1.7.2. Madda Ragaalee ........ 5

1.7.3. Malleen Funaansa Ragaalee ........ 6

1.7.4 Mala Iddattoo ........ 6

1.7.5 Tooftaa Xiinxala Ragaalee ........ 7

BOQONNAA LAMA: Sakatta'aa Barruu ........ 8

2.1. Sakatta'aa Barruu Yaadrimee ........ 8

2.1.1. Maalummaa Jechootaa ........ 8

2.1.2. Gosoota Jechootaa ........ 9

2.1.2.1. Jechoota Idilee ........ 9

2.1.2.2. Jechoota Al-idilee ........ 11

2.1.3. Asoosamaafi Fayyadama Afaanii ........ 11

2.1.4. Dhiibbaa Jechoonni Al-idilee Barreeffama Keessatti Uuman ........ 14

2.2. Sakatta'a Barruu Fakkii ........ 15

Boqonnaa Sadii: Ibsaa fi Qaaccessa Ragaalee ........ 16

3.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Seenaa Kitaaba Asoosamicha ........ 16

3.2.2. Fayyadama Jechoota Loogaa ........ 19

3.2.3. Jechoota Safuutti Fayyadamu ........ 20

3.2.4. Fayyadama Jechoota Faallaa ........ 21

3.2.5. Fayyadama Jechamootaa ........ 22

Boqonnaa Afur: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ... 23
4.1. Cuunfaa ... 23
4.2. Argannoo ... 24
4.3 Yaboo Qorannichaa ... 24
*Wabiilee* ... 26
Waraqaa Mirkaneeffannoo ... 28

## *Axereera*

*Qorannoon kun xiinxala fayyadama jechootaa kitaaba asoosamaa 'Galfata' jedhu xiinxaluudha. Kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf mala qorannoo akkamtaa gargaarameera. Ragaalee mala funnaansa sakkatta'a dokumaantiidhaan funaanamee dhimma itti bahamee jira. Ragaaleen meeshaa funaanasa kanaan argamees akkaataa duraa duuba isaniin tarreeffamuun xiinxalamee ibsameera. Haaluma kanaan bu'aan qorannoo kanaa akka mul'isuutti, kitaabni asoosamaa kun rakkoo fayyadama afaanii akka qabu kan mul'isee yoo ta'u, keessummattu, fayyadama jechootaa ergifannaas, jechoota loogaafi jechoota safuu irratti hanqinni darbee darbee ni mul'ata. Kanaafuu, argannoo qorannoo kanaarratti hundaa'uun yaadni furmaataa kennamees, barreeffama keessatti jechoota ergisaa fayyadamuurra, jechoota afaanichaa fayyadamuu, fayyadamni jechootaa barreeffama keessatti aadaafi duudhaa hawaasaa afaanichaaf ofeeggannoo gochuu akka qabu taa'eera. Hanqina fayyadama jechoota loogaan mul'atan seera afaan waalteessuun, ogeeyyii barnootaafi barattootni akkasumas barreessitootni gahee nurraa eegamuu bahuun guddina afaanichaaf gumaachuun barbaachisaadha.*

# BOQONNAA TOKKO: Seensa

## 1.1. Ariirrata Qorannichaa

Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee kan namoonni bakka garaa garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. Fayyadamni afaanii yeroofi iddoo fayyadama garaagaraa qabaachuu isaati. Kunis fayyadamni afaanii iddoowwaniifi akkaataa fayyadama isaa irratti garaagarummaa qabachuu isaa kan agarsiisuu dha. Yaada kana deegaruun Hodgefi Kress (1993:257) yommuu ibsan "Languagae is to treat as an ideology, action a land relational classification of thoughtand ideas should be taken into consideration," jedhu.

Yaada kanarraa akkuma hubatamu afaan ilma namaa wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufiyaada garee walfakkaatuu adda addaa xiyyeeffannoo keessa galchuun akka walii galan taasisa. Dimshaashumatti, haala fayyadama afaanii ilaalchisee, hawaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irratti hundaa'ee garaagarummaan fayyadamuu afaanii jiraachu akka danda'u hubachuun danda'ama. Kana malees, barreeffama keessatti jechoota idilee sirnaan fayyadamuufi seera barreeffama afaanichaa sirriitti eeguun akkasumas, sirna tuqaaleefi qubguddeessa haalaan fayyadamuu gaaafata. Namoonni akkaataa sochii jiruufi jireenya isaanii bu'uureeffachuun fayyadama afaanii dirree hojii garaagaraa irratti haala garaagaraatiin afaaniitti fayyadamu.

Kanaafuu, barreeffama keessatti jechoota idillee fayyadamuun dhimma murteessaafi barbaachisaadha. Afaan keessatti haalli dhimma itti baanu beekuufi beekuu dhiisuun walqunnamtiifi walhubachuu keessatti dhiibbaa niqabaata. Haala namoonni galumsa garaa garaa keessatti maaliif haala adda addaatin akka dubbatan, afaan faayidaa hawaasummaa akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa keessatti dhaamsa akkamii akka qabu beekudhaaf ammoo, gaaffiiwwaan xiinqooqa hawaasaa ta'an kanneen akka eenyutu, eessatti, haala akkamii keessaattiifi maaliif akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha. Afaan meeshaa dhalli namaa dubbiin yookaan barreeffamaan ittiin yaada isaa ibsatuufi ittiin waliigalu isa olaanaadha. Innis akkaataa miidhagina qabuun afaaniitti tajaajilamanii yaada, fedhii, amantaafi falaasama qaban akkasumaas, dhugaa jireenya hawaasa hundaa kan ibsudha. Fayyadamni afaanii yeroofi iddooo murtaa'ee tokkotti ragaa baay'ina namooa dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicharratti namni sunqabu kan hammatudha.

Fayyadamni afaani haala hawaasni afaan gargaaramuun hojii tokko hojjetudha. Kunis ergaa afaan waan tokko hojjechuuf kan gargaaru ta‘ee namoonni haala dubbii yookaan barreeffama guyyaa guyya keessatti dhimma daldalaa karoorraa, boqonnaa, falmii siyaasaafi kkf keesssatti itti fayyadamuudh. Fayyadama, afaanii Cooper (1976:10) yoo ibsu:

Fayadamni afaanii sababoota garaagaraa kanneen akka umurii, saalaa, barnootaafi kkf addaadda akka ta’ee ibsa. Fakkeenyaaf, barataan tokko mana isaatti maatii isaa, olla isaa, hiriyoota isaawaliin guddate, mana barumsaatti immoo barsiisota isaa waliin yeroo dubbatu garaagaradha. Barsiisaa isaa, namoota umuriin yookaan haala hawaasummaa adda addaatiin isa caalan yeroo haasoofsiisu, barsiifata hawaasummaa ofeeggannoon guutmeefi haala seerri afaanichaa eeyyamuun fayyadama.

Akka yaada kanaatti, fayyadamni jechoota haala adda addan garaagarummaa qabaachuu danda‘a. Kunis fayyadamni jechootaa sadarkaa barumsaan, koorniyaan, umuriin akkasumas haala bakka hojiifi hawaasummaan garaagarummaa waan qabuuf, barsiifata hawaasaafi seera afaanichaa eeguun fayyadamuun barbaachisaa ta‘uu isaa ibsa.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Barreessitootni barreeffama isaanii dubbistoota isaanii bira gahuuf fayyadama afaanii garaagaraa fayyadamuun dhugaa hawaasa mul‘isu. Barreeffamni barreessaan idileen barreeesse ergaa isaa dubbistoota isaatiin ga‘u keessatti fayyadamni jechootaa dhimma murteessaadha. Kunis jiruufi jireenya dhala namaa keessatti barreessaan haala qabatamaa hawaasaa keessatti raawwateefi raawwatamaa jiru mul‘isuuf fayyadamni jechoota barreessaan ergaa dabarsuuf fayyadame gahee olaanaa qaba.

Bu’uuma kanaan kitaabni asoosamaa ‘Galfata’ jedhu, haala fayyadama jechootaa irratti qorannoo kana akkaan gaggeessu na kakaaseera. Kana malees, qorannoowwan adda addaa hanga ammaatti gaggeeffaman baayyeen isaanii haala fayyadama jechootaa barreeffama garaagaraa barreessitootni fayyadaman irratti malee kallatti qorannoo kanaan xiyyeeffannoo kennuun kan gaggeeffame hinagarre. Kun immoo, fayyadama jechootaa kallatti barreeffama barreessan itti fayyadameen xiyyeeffannoo kan hinjirree ta’uu hubadheeni. Kana irraa ka‘uun fayyadama

jechootaa barreessaan kitaabichaa keessatti gargaarame kanfayyadama jechootaa irratti shakkii waan qabuuf ciminaafi hanqina fayyadama jechootaa mul'atan qorachuudhaaf na kakaase.

Xiyyeeffannoon afaan bareeffamaarratti yoo ta'uu, kunis barreeffama kitaaba asoosamaa barreeffamaan jiran baayyee keessaa kan Lalisaa Indirisiin barreeffame kitaaba asoosamaa "Galfata" jedhu keessatti fayyadamni jechootaa kan barreessichaa bu'uura godhachuudhaan gama filannoo jechootaan barreessaan barreffamicha keessatti fayyadameef xiyyeeffannoon hinlaatamne yaadni jedhu sammuukoo keessa waan deddeebi'eefi. Kun immoo, barreeffamni barreessitootaan barreeffamu xiyyeeffannoo akka argatu gumaacha gochuu danda'a. Kana malees, gara fuulduraati xiyyeeffannoon barreessitootaafi dubbistoota barreeffama keessaa kan idilee irratti akka xiyeeffatan gochuu danda'a. Hubannoo kanarraa kaa'uun, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa hojii barreessaa barreessaa Lalisaa Indiris kitaaba asoosamaa "Galfata" barreesse irratti gaggeessuuf kaka'umsa argadheen jira.

Qorannoon kun gaaffilee armaan gadii deebisuuf yaala;

1. Kitaaba asoosamaa Galfataa keessatti fayyadamni jechootaa kan akkamii mul'ata?

2. Barreessichi jechoota dubbisaan hubachuu danda'u fayyadameeraa?

3. Jechoota al-idilee barreessaan itti fayyadame kan akkamiiti?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Qorannoon kun Kaayyoowwan gurguddoo lama of keessatti qabata. Isaanis kaayyoo gooroofi gooreetti.

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa barreeffama kitaaba asoosama Galfata keessatti fayyadamni jechootaa maal akka fakkaatu xiinxaluun ibsuudha.

Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaaammoo kan armaan gadiitti ka'aman ta'a:

1. Kitaaba asoosamaa Galfataa keessatti fayyadamni jechootaa kan akkamii akka mul'atu adda baasuu.

2. Barreessichi jechoota dubbisaan hubachuu danda'u ammam akka fayyadamu sakatta'uu.

3. Jechoota al-idilee barreessaan itti fayyadame addaan baasuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Hojiin qorannoo kanaa ergaa raawwatee booda bu‘aalee armaan gadii nigumaacha. Isaanis:

1.Qorattoota mata duree kanaan walfakkaturatti bal‘inaan qorannaa gaggeessuu barbaadaniif ka‘umsa ta‘uu ni danda‘a.

2.Namoonni afaanichaan hojjetaniifi barattootni irraa barachuu danda‘u.

3.Namootni barreeffama isaanii keessatti akka jechoota idileetti fayyadaman jajjabeessa.

**1.5 Daangaa Qorannichaa**

Qorannoon tokko yemmuu adeemsifamu daangaa kaa’uun dirqama. Kanaafuu qorannoon kun haala fayyadama jechootaa kitaaba asoosamaa “Galfata” jedhu irratti kangaggeeffame yemmuu ta‘u, qorannichis kitaabicha keessaa fayyadama jechootaa xiinxaluu irratti kandaangeffamedha. Qorannoo kanaanis, kitaabicha keessatti barreessaan akkaataa fayyadama jechootaa: al-idileefi idilee kanneen akka jechoota ergisaa, safuu, loogaa, ogummaafi jechoota idilee nixiinxalamu. Haaluma kanaan fayyadama jechoota idilee agarsiisan akkasumas, fayyadama jechoota loogaa, safuu, ergisaafi jechamootaa kitaabicha keessatti tamsaa‘anii jiran akaakuu isaaniitiin qoqqooduun kan ibsamaniifi, filannoo jechootaa kanneen akka jechoota idilee, jechamootaafi jechoota ogummaa tarreesuun, akkaataa fuula kitaabichaa keessatti argamaniin tokko tokkoo isaanii hiikuun fayyadama jechootaa dhiyaate keessa jiru haala barreessaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barreeffamichaatiin xiixalama.

**1.6. Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokko yemmuu gaggeeffamu hanqini mudachuun waanuma jirudha; Hojii kamiyyuu hojjatanii xummuruuf rakkoolen adda addaa nama mudachuu danda’a. Kun immoo hojii qorannoo keessatti akka qorannootti ilaalamuu dana’a. Hanqinoota kanneen keessaa tokko hanqina yerooti. Kun immoo yeroo barnootaa waan ta’eef qorannoo kana akka barbaadamutti hojjachuuf gufuu ta’uu danda’eera. Inni biraa hanqina kitaabileeti. Kun immoo kitaabilee adda addaa waa’ee afaanii keessattuu, itti fayyadama jechootaa kaasan akkaa barbaadamutti argamuu

dhabuu isaaniti. Rakkooleen armaan olii kun akkuma jirutti ta'ee qorattuun akka yaada furmaataatti kanfudhatte yeroo barnootaa faana qo'annoo kanaaf haala mijeessufi kitaabilee dhabamanis mallaqa baajata isheef ta'uufi maatii isheerra fayyadamuun kitaabilee adda addaa gabaarraa bituun rakkoo sana jalaa ba'uu dandeesseetti.

## 1.7. Saxaxa Qorannichaafi Malleen Qorannichaa

### 1.7.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun qorannoo jiran keessaa qorannoo akkamtaa (qualitative research) ta'ee, saxaxa ibsaan ibsamee dhiyaateera. Cohen, Manion and Morrison(2005:73), saxaxi qorannoo tokkoo kaayyoo isaan murtaa'a; kaayyoon qorannoo tokkoos saxaxaafi mala qorannichaan murtaa'a, jedhu.

Kanaaf, kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama jechoota asoosama Galfata keessatti haala akkamiin akka argaman xiinxaluun odeeffannoo kitaaba kanaa sakatta'uu irratti waan xiyyeeffatuufiidha. Akaakuun qorannoo kanaas, dameewwan xinqooqaa keessaa xinqooqa ibsaa(descriptive linguistics) gargaarama. Sababni isaas, "Xinqooqni ibsaa faayidaafi caasaa afaanii karaa loogii hinqabneen ibsuu irratti ibsa gahaa laata; dhamsagaa kaasee caasaa afaanii hanga himaatti jiran irratti xiyyeeffachuun ibsa kenna," (Misgaanuu 2012:90). Kanaaf, garee jechoota Afaan Oromoof caasaa afaanichaa irratti hundaa'uun ibsa gahaa kennuuf damee xinqooqaa keessaa dameen kun filatameera. Kanaafis, qorannoo kanaf odeeffannoo argachuuf meeshaalee funaansa ragaalee, kanneen akka sakatta'a dookumentiitti dhimma ba'eera.

### 1.7.2. Madda Ragaalee

Qorannoon kun kan irratti geggeeffame kitaaba asoosama Galfata sakatta'uun xiinxalli kan geggeeffamu yoo ta'u, tokkoo tokkoon fuula kitaaba asoosamichaa keessatti qabiyyee garee jechootaa kan dhiyeeffamudha. Qabiyyeen garee jechootaa kitaaba asoosamichaa keessatti: haala akkamiin akka dhiyaatanii jiraniifi hanqinaaleen mul'atan xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga'uuf, maddi ragaa tokkoffaa dhimma itti ba'e, sakatta'a dookimentiiti. Kunis, kitaaba asoosamaa Galfata irraati. Xiyyeeffannoon isaas, garee jechootaa

asoosamicha keessatti argaman: qabiyyeen garee jechootaa keessatti dhiyaatee jiru; faayidaafi akaakuu garee jechootaa achi keessatti dhiyaatanii jiran; hanqinaalee qabiyyeewwan garee jechootaa keessatti argaman sakatta'uun ibsuudha.

Dastaan (2013:195) "Odeeffannoon kitaaba qorannichi irratti geggeeffamuuf filame keessaa argama,"jedha. Kanaaf, akka madda ragaa tokkoffaatti kitaaba asoosamaa Galfata irratti gargaaramee qorannoo kana geggeessa.

### 1.7.3. Malleen Funaansa Ragaalee

Odeeffannoo funaannachuuf, malli odeeffannoo ittiin funaanan taasisuun kanan itti fayyadame, sakattaa'aa dookumentiiti. Maddi funaansa ragaalee kan jalqabaa qorannoo kana galmaan ga'uuf filatame sakatta'a kitaaba asoosama Galfataati. Kitaaba kana keessattis qabiyyeen garee jechoota AO asoosamicha keessatti dhiyaatan, adda ba'aanii sakatta'amu. Kunis, irra caalaa kan irratti xiyyeeffatu, faayidaaniifi akaakuun garee jechoota Afaan Oromoo kitaabicha keessatti haala akkamiin dhiyaatee akka jiru adda baasuufi ibsa dabalataa kennuun, akaakuun garee jechootaa ulaagaa kamiin qoodamanii akka jiran sakatta'uu, akkasumas, kitaabicha keessatti mata duree garee jechootaa jedhu kennuun, garee jechootaa gooroofi gooreetti qooduun fakkeenya gahaa waliin dhiyeessee akka ifa ta'uu danda'utti adda baasuun kaa'uu; hanqinaalee jiran sakatta'uunis garee jechoota AO kitaabicha keessatti haala akkamiin dhiyaachuu akka qabu ibsuudhaan, garee jechoota Afaan Oromoo keessa jiran maal akka fakkaataniifi akkamitti akka dhiyaatan kan keessatti sakatta'amaniidha.

### 1.7.4 Mala Iddattoo

Qorannichaaf odeeffannoo barbaachisu argachuuf qaamoleen kallattiin mataduricha waliin walitti dhufeenya qabu, kitaaba asoosamaa Galfatadha. Addunyaa (2011:20) "Qorannoo akkamtaa keessatti, qorataan odeeffannoo gadifageenya qabu argachuuf sakatta'a dookimentiitti dhimma ba'uudha," jedha. Kanaaf, iddattoon qorannoo kanaa kitaaba asoosamaa Galfata yoo ta'u, mala akkaayyoon akkuma jirutti dhimma itti ba'uun iddatteeffadha. Sababni mala akkaayyoo, fayyadamuun barbaachiseef qorannoo ibsaa keessatti malli kun kaayyoo barbaadame galmaan ga'uuf baay'ee murteessaa waan ta'eef.

### 1.7.5 Tooftaa Xiinxala Ragaalee

Fayyadama jechoota asoosama ‘Galfata’ jedhu, xinxaala ragaalee isaa mijataan xinxaala yaadarimee yookin akkamtaati. Kun immoo sababni ta’eef, hojiin qorannoo kanaa lakkoofsan waan walqabatu kan hin qabneefi xinxaala yaadrimee qofa akka ta’edha.

# BOQONNAA LAMA: Sakatta'aa Barruu

## 2.1. Sakatta'aa Barruu Yaadrimee

### 2.1.1. Maalummaa Jechootaa

Barreeffama tokko haalan qindaaa'ee hiika akka kennu gochuuf akkasumas dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessoodha. Jechoonni kunis hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaan, hiika sirriifi hiika dhokataa akkasumaas bifa jechamaan ta'uu danda'a. Barreessitootni tokko tokko kan naaf ta'a jedhan jechoota kalaqaanii yoo barreessa nimul'atu. Haata'u malee, barreessaan maaliif jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda'amu. Garuu, jechoonni uumamaan barreessaafi dubbisaa gidduutti waiigaltee ogummaa ogbarruu akka hin balleessine xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha. Ergaa dabarsuubarbaade dubbistoota isaa gahuuf gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Barreessaan tokko hojii ogummaa isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechoootaan kan badhaadhaa ta'uu qaba.  Baay'ina jechoota qabaachuun qofa garuu, yaada ofii sirriitti akkaataa ifa ta'ee dabarsuu dhiisuu danda'a. Kana jechuun jechoota hiika siirrii kanjennu jechi tokko uuamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hundinu waliigale moggasa ganamaa jechuu yoo ta'uu, hiik dubbii ammoo jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemudha. Haalum kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisaa bakka barbaachisatti gargaaramu danda'a. Gama biraatiin jechootni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa ta'ee kennuu dhiisuu dandu'u. Sirrii ykn sirri miti jechuun hindanda'amu. Jechoota ergaa guutuu dabarsuu danda'an barreeffamicha keessa galanidha. Sirrii ta'uu dhiisuuisaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechootni akkaataa barreeffama keessaatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi tokko tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaafuu, barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii akkasumas gosoota jechoota filate mirkaneeffachuu qaba.

### 2.1.2. Gosoota Jechootaa

Haala jechoonni yaada yookiin wanta nutti dhagahame ittiin ibsanu irratti hundaawuun bakka gurguddoo lamatti qoonnee ilaaluu dandeenya. Isaanis jechoota idilee (formal words) fi jochoota al-idilee (informal words) jedhamuun beekamu.

#### 2.1.2.1. Jechoota Idilee

Jechootni idilee jechoota irra caalaan nutti guyyaa guyyaatti yaada keenya ibsachuuf fayyadamaa oolluudha. Jechootni idilee tarreessuuf hedduummachuu isaanii beekame illee jechooni kunniin jechoota yeroo maraati. Jechoota idilee ilaalchisee Geetaachoo(2011:156) akka ibsetti, ’’Jechootni idilee jecha waalta‘oo dhaabbiilee, waajjiraalee mootummaafi mit-mootummaa keessatti yeroo hedduu kan dhimma itti bahamudha’’jedha. Jechoonni idilee jechoota galmee jechoota keessatti kan argaman yoo ta‘u irra caalaan isaanii yeroo baayyee guyyaa guyyaan kaanneen itti fayyadamnuudha.

Barreeffama keessatti jechootni fayyadamnu jechoota idileeti. Sababiin isaas, jechootni kun hiikni isaanii galmee jechoota keessatti waan argamuuf dubbistootni barreeffamaa, hiika jechaa yookiin jechoota yoo wallaalan kuusaa jechootaa irraa waan argataniif dhaamsa barreeffamaa hubachuun hin rakkisu.

Fayyadama Jechoota kanneen armaan gaditti ilaalla;

- Jechoota Ergifannaa- adeemsa namoonni qaban keessaa inni tokko gamtaadhaan jiraachuudha. Gamtaadhaan jiraachuun immoo, hawaasa tokko jidduutti kan daanga‘e miti. Biyyi tokko biyyoota biroo waliin walqunnamuun oomisha akkasumas yaada waljijjiiruudhaan ykn walii kennuun walgargaaru. Yemmuu oomishaafi yaada walii kennan kanas maqaan oomishaa yookiin yaadasaanii hawaasa afaan tokko dubbatu irraa gara hawaasa afaan biroo dubbatanitti nidarba. Kana malees, Afaan tokko fedhii isaatiin jechoota kan ergifaturratti dabalataan ammoo jechootni dhiibbaa adda addaarraa kan ka‘ee afaan tokko irraa gara afaan biraatti ce‘uu danda‘a. Sababnisaa dhiibbaa afaan naannoo sanaa karaa siyaasaas ta‘e karaa aadaatiin dhuunfate tokko, afaan naannoo sana hindhuunfanne irratti godhuufi dhiibbaa afaan naannoo sana karaa siyaasaatiin ta‘ee karaa aadaatiinhindhuunfannee, afaan naannoo sana dhuunfatee jiru irratti godhuuni.

- Jechoota Looga- Loogni addaa addummaa sagalee, dhamsagaa akkasumas, jecha haaraa dubbattoota afaan tokkoo gidduutti mul'atudha. Dubbattootni afaan tokkoo teessuma lafaatinis ta'ee caasaa hawaasaatiin waliirraa fagaachuu danda'u. Kanneen teessumma lafaatiin fageenya qaban hawaasa afaan tokko dubbatu gidduutti haallan garaa garaa jiraachuu agarsiisa. Garaagarummaan loogawwan afaan tokko keessatti mul'atan kan teesssumalafaa qofaa bu'uureeffate osoo hintaane caasaallee nilaallata. Caasaaleen hawaasaa kunis koorniyaa, qabeenya gidduu akkaataa fayyadama afaanii kanneen akka dhamsagaa, birsagaafi jechaa garaagarummaa qabaachudanda'a. Kun ammoo taayitaafi sadarkaa barnootaafi waan kana fakkaatan bu'uureeffata. Caasaan afaan hawaasaa tokkoo caasaalee kunneen bu'uureeffachuun garaagarummaa agarsiisuu danda'a. Garaagarummaa fayyadama afaani haala kanaan argamu ammoo looga hawaasaa jedhama. Gama looga hawaasaan yoo dhufne garuu, hawaasa tokko keessa namoonni sadarkaafi hojii adda addaa qabu. Fakkenyaaf, hojjetaan buufata fayyaa keessaa hojjetuufi waajjira qonnaa keessaa hojjetu, jechoota ogummaatti yoo fayyadamanii dubbatan inni tokko kanisatokkoo wallaaluu danda'a. Haa ta'u malee, afaaniin walii ibsuu danda'u waan ta'eef waliigaltee isaanii irratti dhiibbaa hinuumu.
- Jechoota Safuu-Safuun aadaa oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaa qabu kan ilaalatudha. Kana jechuun ilmi namaa lafa kana irratti uumama biroo waliin waldanda'ee, wal kabajee akkaataa waliin jiraachuu danda'an kan agarsiisuu seera uumamaati jechuudha. Biqilaa (2016:22 ) yoo ibsu, ''Safuun aadaa Oromoo keessatti ilaalcha namni uumaafi uumamaaf qabu kan ilaaludha. Kana jechuun ilmi namaa lafa kanarratti uumama biroo waliin waldanda'ee wal kabajee akkataa waliin jiraachuu danda'an kan agarsiisu seera uumaa jechuudha''jedha. Asirraa wanti hubatamu safuun yaada ilmi namaa addunyaa kanarratti uumama biroo waliin waldanda'uun wal kabajee haala wajjin jiraachuu danda'ankan mul'isu seera uumamaati.

- Akka ilaalcha Oromootti yaada gocha ilma namaa raawwatu mara wajjinkan walqabatu, daandii sirrii, kan gara jireenya gaariitti nama geessudha. Safuun seera uumaafi uumama ta'ee safuun akka seera kan hin tumamne, kan hin jigne, kan hin badneefi safuu eeguun ammoo jireenya keessatti barbaachisaa ta'u isaa kan ibsudha.

- Jechoota Ogummaa-Fayyadamni afaani hawaasa tokko keessatti namoota sadarkaafi hojii adda addaa qaban gidduu jiru garaagara. Sababiin isaas fayyadamni afaanii haala amala mana hojiin dhaabbiilee mootummaafi mit-mootummaa keessatti fayyadaman garaagara ta‘uurraa kan ka‘ee barreeffamaanis ta‘ee dubbiin walii galuun nirakkisa. Barreeffama keessattis jechoota ogummaa namni fayyadamu of eegannoogochuu qaba.

#### 2.1.2.2. Jechoota Al-idilee

Jechoonni  al-idilee jedhaman immoo yaadaafi haala jechoota idileetiin fayyadaman ofkeessaa hinqabanu.Amala jechoota akkanaa keessaa inni duraa jechi tokko yaada tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti kanbakka hinbuusneedha.Jechootni akkanaa yeroo baayyee jechoota dubbiiti, barreeffama yeroo barreessinu jechoota kanatti hinfayyadamnu sababiin isaas, jechootni barreeffama keessatti fayyadamnu, jechoota idilee ta‘uu waan qabaniif.

### 2.1.3. Asoosamaafi Fayyadama Afaanii

Jiruufi jireenya dhala namaa keesssattis ta’e barreeffama keessatti fayyadamni afaanii barbaachisaadha. Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbiifi barreeffamaan nugargaaruu danda’a. Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabuudha.

Fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadrimee fayyadama afaanii haala hawaasaa kamiyyuu keessattibeekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati. Fayyadama afaanii yoomessa murtaa’e tokkotti ragaa baay’ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanichaa irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000) “Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xiinqooqa hawaasaa walqabatan kaasuun hubachuun danda’ama” jedha. Kana jechuun, afaan hawaasni fadayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuu danda’amu kan mul’isuudha.

Barreeffamni tokko haalaan qindaa'ee hiika akka kennu gochuuf, akkasumas miira dubbisaa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessaadha. Jechootni kunis bifa garaagaraan hima yookaan barreeffama keessatti argamuu danda'u. Isaan kunis, hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa akkasumas, bifa jechamaan ta'uu danda'u. Barreessitoonni tokko tokko naa ta'a jedhanii jechoota kalaqanii yoo barreessan nimul'atu. Haata'u malee, maaliif barreessaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda'amu. Garuu, jechoonni uumamaan barreessaafi dubbisaa gidduu waliigaltee ogummaa ogbarruu akka hinballeessine ofeeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dubbistoota isaa biraan gahuuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Bareessaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a. Kana jechuun jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hunduu itti waliigale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii ammoo, jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemuudha.

Haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti gargaaramuu danda'a. Karaa biraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa tahe dabarsuu dhiisuu danda'u. Sirrii yookaan sirrii miti jechuun hin danda'amu. Ergaa guutuu dabarsuu kan danda'an barreeffamicha keessa galaniidha. Sirriifi ta'uu dhiisuu isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechonni akkaataa barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuu irratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.

Barreessaan asoosamaa yaadasaa dabarsachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaru afaani. Bu'uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf ammoo qindoomina jechootaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Waan ta'eef, hima tokko dhugummaa qabaachuufi dhiisuuf jechoonni iddoo isaanii yookaan hiriira isaanii qabachuun

hima sanaaf murteessoodha. Kanaafidha filannoon jechootaa barreeffama keesssatti barbaachisaa ta'eef.

Hojii ogbarruu keesssatti filannoon jechootaa sirriitti kan ittifayyadamuu qabuudha. Sababnisaas, wanti barreeffamaan dhihaatu tokko akka isa dubbiin dhihaatu sosochii qaamaatiifi mallattoon deeggaramee dhimma dhihaatu sanaaf carraa hinqabaatu waan ta'eef, yeroo barreeffamaa ergaa darbuuf guutummaan guututti ittigaafatamummaan isaa kan jechootaati jechuudha. Jechoonni barreeffama tokko jaallatamoo yookaan jibbamoo godhuu danda'u, barreessaan jechoota sirriitti hin ibsineetti yoo fayyadame, yaadni dabarsuu barbaade harca'ee hafuu danda'a. Kanaaf, jechoota sirrii filachuurratti barreessaan kan xiyyeeffachuu qabuudha.

Filannoo jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qabaniifi jechoota hiika dhokataa qaban jedhamuun bakka lamatti ilaaluun nidanda'ama. Asoosamni qorannaa kanaaf filamees jechoota hiika kallattiifi dhokataa waan qabuufi yaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadi fageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha. Haaluma kanaan, ogbarruun barreeffamaa jechoota hiika irrakeessaafi hiika wabeessaa nigargaaramu. Fayyadamni jechootaa asoosama keessatti karaa ifa ta'een ergaa barbaade akkuma dabarsu, hiika wabeessaa niqabaata. Lyons(1995) akka ibsutti, " Hiika wabeessaa jechuun hariiroo jechi takko wantoota yookaan taatee hawaasaan qabu calaqqisa". Kanarraa wanti hubatamu, fayyadama afaanii keessatti jechoota aadaa hawaasa keessa jiru fayyadamuun ergaa barbaade dhugaa yookaan taatee jiruun walbira qabee ibsa jechuudha.

Haaluma kanaan, hiika jechootaa irratti barreessitoonni asoosamaa xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dubbistootaa burjaajessuu danda'a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon barreessaa hiika jechootaarratti qabu murteessaadha. Jechoota kanas jechoota filatamoo barreeffamichi gargaarame ta'uu danda'a. Jechootni faallaa yaada faallaa kan qabaniidha. Yaadonni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Addunyaa (2014:112) "Jechoonni faallaa kanneenjennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha"Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu danda'ama. Isaanis, jechoota faallaa keessatti jechoota siyaasa agarsiisan arguu dandeenya. Yeroo baay'ee barreessaan barreeffama ogbarruu keessatti haala garaagaraan tajaajilama. Kunis, asoosama keessatti bifa dhokataa ta'een yeroo itti dhimma bahaamuutu mul'ata.

### 2.1.4. Dhiibbaa Jechoonni Al-idilee Barreeffama Keessatti Uuman

Jechoonni al-idilee jedhaman haala jechoota idileetiin fayyadaman ofkeessaa hinqabanu. Amala jechoota akkanaa keessaa inni duraa jechi tokko yaada tokko iddoo yookaan naannoo adda addaatti kanbakka hinbuusneedha. Jechootni akkanaa yeroo baayyee jechoota dubbiiti, barreeffama yeroo barreessinu jechoota kanatti hinfayyadamnu.

Barreessaan tokko hojiisaa keessatti jechoota fayyadamu wantoota murteessan keessa tokko barnoota. Jechootni dubbii keessattis ta‘ee barreeffama keessatti fayyadamu sadarkaa namoota waliin dubbannuu yookaan sadarkaa barnoota dubbistoota barreessitootnni barreeffama isaanii barreessaniif waliin kan wal ilaallatu ta‘uu qaba. Jechootni barreeffama keessattis ta‘ee dubbii keessatti fayyadamnu sadarkaa barnoota namootaa wajjin kan wal hinmadaalle taanaan, ergaa barbaadamee dabarsuu hindanda‘u. Kanaafuu, jechootni barreeffama keessattis ta‘ee haasaa keessatti fayyadamnu sadarkaa barumsa maammiltoota keenyaa giddu-galeessa kan godhate ta‘uu qaba jechuudha.

Barreeffamni barreeffamu tokko ergaan inni qabatee dubbistootaan qaqqabuu waliin kan laallatudha. Fayyadama afaan barreeffamaa qaama barreeffameef bira yemmuuu ga‘uu dhaamsa inni duubbistootaaf karaa aadaa, duudhaa, saala,umurii, safuufi kan kana fakkaataniin dabarsuu maal akka ta‘ee kan ibsudha. afaanii kunis haala qabatama dubbistootaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barreessitootni jechoota filatamoo ta‘aniitti fayyadamuun barbaachisaadha. Afaan fayyadamuun barreeffama keessattis ta‘ee dubbii keessatti dhiyyaatu haala qabatamaan irratti dhiyaatu murteessaadha. Kunis fayyadamni afaanii caasaa hawaasaa qaroomina qabuufi caasaa hawwsaa boodatti hafaatiif dhiyaatu garaagarummaa qaba. Fayyadamni afaanii hawaasa magaalaafi baadiyaa jiraatuu dhiyaatu tokko miti.

Walumaagalatti, jechoonni al-idilee bakkaafi haalli dhiyeessuu fayyadama afaanii sadarkaa jiruufi jireenya qaama dhiyaatuuf sana gidduu galeessa kan godhate ta‘uu hindanda’u. Fayyadamni afaanii kana ta‘uu baannaan garuu qaama dhiyeessuufi dhiyaateef gidduutti wal hubachuu dhabuun rakkoo uumuu danda‘a.

Jechoonni al-idilee yaadaafi haala jechoota idileetiin fayyadaman ofkeessaa hinqabanu. Amala jechoota akkanaa keessaa inni duraa jechi tokko yaada tokko iddoo yookaan naannoo adda

addaatti kanbakka hinbuusneedha. Jechootni akkanaa yeroo baayyee jechoota dubbiiti, barreeffama yeroo barreessinu jechoota kanatti hinfayyadamnu sababiin isaas, jechootni barreeffama keessatti fayyadamnu, jechoota idilee ta‘uu waan qabaniif.

**2.2. Sakatta'a Barruu Fakkii**

Qorannoo kanaaf qorattuun qorannoo kanaan duraa hojjetamaan keessaa kanneen mata duree isaa waliin walitti siiqeenya qabu jettee yaadde armaan gaditti tarreessiteeetti;

-Gammachiis(2008)mata duree, "Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhabuu Abootee" jedhurratti barruu eebbaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuudhaaf hojjeteera.

-Daangaa(2010) mata duree "Qaaccessa Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa Magaala Sulultaa" irratti kan xiyyeeffate. Qorannoon kun barruu eebbaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuudhaaf kan hojjetamedha.

-Jaalallii (2002) mata duree "xiinxala fayyadama afaanii asoosama Yaadanii keessatti"jedhu irratti kan hojjatamedha barruu eebbaa digirii jalqabaa guuttachuuf.

-Ayyaantuu(2009) mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama Hiree Jal'atte keessatti" jedhu hojjattamedha. Akkasumas, Ambassaan, mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama Dirmammuu keessatti."jedhu bara 2003 ALI kanhojjatamedha.

Barruuleen qorannoo armaan olitti arginu kun, qorannookoo wajjin tokkummaafi garaagarummaa qabu.

Garaagarummaan isaanii, an kitaaba asoosamaa Galfataa irratti itti fayyadama jechootaa yoon qorannoo geggeessu, jarreen olitti eeraman kun immoo itti fayyadama afaaniirratti. Tokkummaan isaanii immoo qorannoo afaan Oromoon geggeeffame ta'uu isaaniiti.

# Boqonnaa Sadii: Ibsaa fi Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti fayyadama afaanii kanneen akka fayyadama jechoota ergisa, safuu, loogaa jechoota ogummaafi idilee fuula kitaabichaa keessatti argaman dhiyaataniiru. Kunis ragaa kitaabicha keessaa kan funaanamaniifi tokko tokkoon isaanii ergaa akkamii akka dabarsan addda baasuun tokkoon tokkoon gosa fayyadama isaaniin kan qaacceffamaniidha. Kunis gosa fayyadama isaaniin kutaa kutaatti qoodamuun yaada himoota dhiyaataniifi tokkoon tokkoon himmootaa keessatti jechootni haala adda addaan barreessaan ergaa dabarsuu barbaadee irratti kan xiyyeeffatedha.

Haaluma kanaan, kitaaba asoosamaa qorrannichaaaf filatame gadi fageenyaan dubbisuun ragaalee qorannookanaaf na gargaara jedhu funaanuun himootaa fuula kitaabichaa keessatti argaman eeruun erga gadi tarreessee booda qabiyyee barbaadamuuf hiikkoon erga itti keennamee booda gama ergaa isaan qabaniin akkaataa fayyadama jechootaafi yaadota barreessatti ibsa itti kennuuni.

Kana malees, barreeffama kitaabichaa mata duree qorannoo ta‘e kana keessatti fayyadama adda addaa ofkeesatti qabuufi tokko tokkoon fayyadamni afaanii maal akka fakkaataan qaacceffameera. Qaaccessa kan adeemsiisuun kan barbaachiseef jechootni waliin hiriiruun fayyadamni afaanii uumamu keessatti tooftaa barreessaan filannoo isaa keessatti kallatti ergaa dabarsaachuu barbaade adda baasuufi. yeroo jechoota fayyadamnu afaanicha dhiibbaa guddaa argamsiisuu nidanda‘a kan jedhuun qorrannoo kanaaf kitaaba filatame irratti xiyyeeffannoon kan kenname.

### 3.1. Ibsa Gabaabaa Waa’ee Seenaa Kitaaba Asoosamicha

Asoosamni “Galfata” jedhu kun Lalisaa Indiris Adamiin kan barreeffamee yoo ta’u, qorannoon kun kan irratti geggeeffame, maxxansa lammaffaa bara 2017 irrattidha. Asoosamni kun fuula dhibbaafi soddomii shan kan qabudha. Seenaan asoosamichaas kan itti aanee dhiyaatudha.

Haati Ragaa gadina Wallagga Lixaa  Aanaa Ayirraa Gullisootti  dhalattee kan guddate yeroo taatu  yeroo Kutaa saddeettaffaa barattu barsiisaa ishee  kanta’e  Obboo Dhugumaan dirqisiifamtee gudeedamtee, Ragaafi Raggaasaa ulfooftee barumsa ishee addaan kutte.

Abbaashee waan sodaatteef garaa magaalaa Yuubdootti baddee hojjettuu mana namaa taatee qacaramtee osoo jirtu ijoollee lakkuu Ragaafi Raggaasaa achumatti deesse. Ragaafi Raggaassan hanga umuriin isaanii waggaa jaha ga'utti manuma sanatti guddatan Raggaasaa wajjirri hawaasumman guddifachaan akka Ameerikaa deemu taasi fame Ragaan immoo harmee isaa walin osuma jiranuu, harmee isaa konkolaataan rukutee hospitaa Aayiraatti erga wal'aanamtee booda miilli waan naafateef wiilcheeriin hospitaalichi kenneef. Ragaan umrii waggaa torbaatii kaasee harmee isaatin konkolaataa nama dukkubsataa baattee deemtu 'wiil cheerii'oofee magaalaa keessaa naannessuun hojii isaa ta'e.

Haati Ragaa qaama miidhamtuu taatus ijji dargaggoota hedduu isherraa qubata ture. Sababa kanaan dargaggeessi quufan tokko itti deddeebii'ee akka ishee jaalatu ibsuufillee, isheeen garuu deebii kennuufi didde. Sababiikanaf Mucaa isee Ragaa jalaa hatee dhokse. Ragaan ganama daabboo bituuf ergame hanga galgalaatti galuu didnaan haati isaa barbaabdee dhabdee, magaalattii keessa naannooftee boo'aa turte. Sana booda dargaggeessi Gimoo jedhamu fuula dura Sooree dhaabbatee " yoo mucaa kee argachuu barbaadde, fedhakoo naaf guuti, erga jedhee booda hamartii morma Ragaarra ture fuudhee itti agarsisee kana booda waan gootu waan hin qabneef Sooreen Gimoof fedha isaa guutte ammas lammata ulfoofte, ulfa sana wajjin duute.

Ragaan kana booda ogeessa fayyaa Bashaadaa nama jedhamuun guddifamee mana barumsaa galee kutaa tokkoo hanga kudha lamaatti achuma Wallagga lixaatti erga baratee booda qabxii Olaanaa fiduun Yuunvarsiitii Finfinnee Araat kiiloo/ Daalatti damee barnoota saayiinsii kompitaraatiin barnoota isaa eegale. Barnoota isaatiin baay'ee cimaa waan tureef argannoo haaraa soofti weerii hamma namni tokko nama jaalatu dhibbeentaan (%) kan mul'isu argatee badhaasa Noobeeliitiif kaadhimamee Ameerikaa Waashingitan Disiitti ergamee badhaasa fudhate. Sirna badhaasaa sanarratti maatiin isa guddisan Obboo Bashaadaafi Haati manaa isaanii Soolaneen kan argaman yoo ta'u, abbaan isa dhalche Dooktar Dhugumaan guyyaa gaafa haadha isaa dirqiin gudeedee mana barumsaati bade kaasee kan iddoon inni jiru hinbeekamne lskoolaarshiippi argatee dooktara ta'e sirna badhaasaa sanarratti hirmaatee ture. Obboleessi isaa Raggaasaan kan guddifachaa Ameerikaatti kenname sirna badhaasaa sanarratti argamee, Raga faana walarguun gammachuun isaa dacha ta'e. Ragaan bu'aa ba'ii heddu booda miilkaa'ina guddaa argatee, hiri'aa jaalalaa dooktar Si'anaa wajjin walbaranii waliin jiruu kan eegalan ta'uu asoosamichi nutti agarsiisa.

## 3.2. Xiinxala Ragaalee

### 3.2.1. Fayyadama Jechoota Ergifannaa

Ergifannaan adeemsa walitti dhufeenyaa hawaasa afaan garaagaraa dubbatan jidduutti jechoota afaan tokkorraa gara afaan birootti darbanidha.

Fkn:

| **Jechoota** | **Hiika** |
|---|---|
| Bataskaana(fuula 24) | Mana amantii Ortoodoksii |
| Qallaba(fuula 66) | soora, nyaata |
| Jagna(fuula 72) | goota |
| Qeesii(fuula 20) | luba |
| Wiilcharii(fuula30) | teessuma konkalaachuu danda'u; kan namni naafi ittiin deemu. |

Akka fakkeenyi dhiyaate mul'isuutti barreessaan jecha ergifannaa 'Qeesii'(fuula 20) jedhu kun jechi idilee isaa luba kan jedhuudha. Barreessaan jecha ergisaa Afaan Amaaraa kana fayyadamee ergaa dabarfachuu barbaadetu jira. Bashaadaan mana qeesii ollaa Dammeefaa jiraatu kireeffatee, hojii mootummaa hojjechu eegale. Asirratti jechi kun afaan Oromoon utuu hiika qabu barreessaan jecha liqeeffachuu isaa agarra.

Akka ragaan fuula 72 irraa 'jagna' jedhu keessatti mul'isuutti barreessaan jecha ergisaa akka jagnaatti jedhu argina. Akka aadaa Oromootti gootni meeshaa waraanaa eeboo qabachuun akkasumas, gaachana qabatee dirree waraanaatti bobba'ee yoo injifatu goota jedhama. Barreessaan garuu jecha kana ergifateeti kan itti fayyadame.

Fuula 24 irratti jecha bataskaana jedhu gosa jechaa keessaa jecha al-idilee jecha ergisaati. Bakka bu'aan mana amantaa Ortoodoksii kan jedhudha. Akkasumas, fuula kitaabichaa 66 keesatti jechi 'qallabuu' jedhu kun jecha gosa jechaa keessaa jecha al-idilee jecha ergisaati.

Walumaagalatti, Kitaaba kana keessatti barreessaan ergifannaa sadarkaa jechaa hangaa himaatti armaan olitti eeraman hedduunkun liqeeffannaa seeraan aladha. Sababiin isaas, jechoonni ergifannaa kun akkaataa kanaan kitaabicha keessatti argamuun isaanii barreeffamichi gamisaan Afaan Amaaraa ta'uun, eenyummaa isaa akka dhabu isa taasiseera. Miidhagina dhorkuu qofa osoo hintaane, jechootni barbaachisummaa isaanii malee ergifataman kun jechoota Afaan Oromoo fayyadamuu dhiisuun barreessaa akka isaan irraanfataman, suuta suutaan afaanicha keessaa hafaa akka deeman godha. Kun immoo, ergaa barreessaa barreeffamichaa dubbistootni dubbisanii hubachuudadhabuun alatti afaanicha ni quucarsa ykn akka hin guddanne taasisa. Sababiin isaas, guddina afaan tokkoof, afaanichi barreeffama garaa garaa keessatti barreessitootni barreeffama isaanii keessatti fayyadamuu waan ta'eefi. Kanaafuu, barreessaan kitaabichaa jechootas ta'e hima ergifannaa akkasiitti gargaaranuun isaa hanqina.

### 3.2.2. Fayyadama Jechoota Loogaa

Garaagarummaa adda addaa afaan tokko keessatti jechaan, seerlugaafi dubbiidhaan hawaasa tokko keessatti sababa garaagarummaa hawaasummaafi naannootiin mul'atu looga jedhama.

Ibsa Ragaa Fayyadama Jechoota Loogaa Kitaabicha Keessaa;

-Michuu isaa; Jaalallee isaa…(fuula 39).

-Bowwaa gadi fagoo hallayyaa namni hinseenne,… (fuula 84).

-"Jaamaa qaroo hinqabne taatee ibiddatti adeemtaa?" kolfa sobaa kolfaa..(fuula 118).

Jechoonni 'michuu jaalallee', 'bowwaa hallayyaa' , 'jaamaa, qaroo hinqabne' jedhan kan afaanuma Oromoo ta'anii, gosa keessaa jecha al-idilee loogaati. Jechi hallayyaa yookiin qilee jedhuun bakka bu'a. Jechi amajaajii jedhu jecha loogaati.

Walumaagalatti, barreessaan asoosamichaa jechoota loogaa hedduutti hinfayyadamne; Haata'u malee, asoosamicha keessatti ergaan ykn yaanni jechoota kanaan dabarsuu barbaade hubachuun rakkisoo miti. Jechootni al-idilee kunneen looga naannoo ykn hawaasa tokkoo ta'uu nimalu. Kanarraa kan ka'ees, dubbattootni Afaan Oromoo naannoo biraa caasaa hawaasa biraa jechoota loogaa kana bakka dubbistootniifi barreessaan qaamaan walbira hinjirreetti dubbisanii hubachuu nidanda'u. Barreessaan kunis jechootni kun jechoota looga naannoo tokkoo ta'anii osoo jiranii,

dubbistoota ogbarruu Oromoo hundaaf akka hubatamutti barreessuu dhabuun isaa hanqinasaati. Kanaaf, barreessaan barreeffama isaa keessatti jechoota loogaa naannoo tokkoo ta‘aniitti fayyadamuu dhiisee, jechoota filatamoo, waalta‘oodhaan utuu fayyadameera ta‘e filatamaadha.

### 3.2.3. Jechoota Safuutti Fayyadamu

Geetaachoo (2011:57) akka ibsetti,’’...haala adda addaan kan ka‘e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu‘uu hin dandeenye osoo hin taane safuu yookaan saalfii waan ta‘aniif…’’ jechuun lafa kaa‘a. Yaaada kanarraa wanti hubatamu haala qabatamaa hawaasichaa irraa kan ka‘e. Hawaasni kamiiyyuu dubbii keessattis ta‘ee barreeffama keessatti fayyadama jechootaa xiyyeeffannoon kennamuufii akka qabu kan agarsiisudha. Dabalataanis, akka yaada kanaatti hawaasni tokko jechoota safuu jechoota biraatiin bakka buusuun fayyadamuun akka dandahmu lafa kaa‘eera.

Jechootni safuu kan hawaasa Oromoo keessatti laguu ta‘aniidha. Jechoonni laguu ta‘aniis akkaataa aadaafi duudhaa Oromootti fayyadamuun barbaachisaa miti. Fakkeenyaaf, ‘Bakakkaa dha’e’ jechuu irra,‘itti gammade’ yoo jedhame irra caalaatti kan hawaasa biratti safuu eeggate ta’a. Haaluma kanaan, jechoota safuu ta’an kan barreessaan asoosama ‘Galfata’ keessatti dhimma bahe akka armaan gadiitti dhiyaata.

Fkn 1: “…akkuma <u>fagaarri</u> <u>dhuuftee</u> nama salphistu; ...”(fuula 67).

Fkn 2: “…’anaanoo waaqatu <u>dhabduu</u> nagodhee naboochisee isinoo maaliif osoo dhala qabdanuu…’ osoo jettee hinfixin imimmaan ishee…”(fuula 115).

Fkn 3: ‘’ …<u>haraamuu</u> ta’u caalaa maaltu nama qaanessa?’’(fuula 90).

Fakkeenyonni armaan olitti argaman kun jechoota safuuti. isaanis: fagaarri, dhuuftee, dhabduu, haraamuu, hawaasa keessatti jechoota safeeffatamanidha. Gama safuu hawaasaa eeguutiitiin, hawaasni Oromoo aadaa duudhaa, amantii, safuu mataa isaa kan qabuudha. Kanaaf, asoosama kana keessatti jechoonni barreessaan itti fayyadame kan hawaasichaan walqabatu waan ta’eef, barreessichi safuu hawaasaa cabsuun irraa hineegamu ture.

### 3.2.4. Fayyadama Jechoota Faallaa

Jechoonni faallaa walitti dhufeenya jechootaa akkaataa hima keessatti galuun ergaa yookaan dhaamsa barbaadame dabarsuu danda'een kan dhihaateedha. Jechoota faallaa kanatti gargaaramuun akkaataa isaan dhaamsa dabarsan irratti hundaa'uun armaan gadiitti himoota keessatti akkaataa fuula kitaaaba asoosamicha keessatti argamaniin tartiiba ittiin dhihaatan eeguun qaaccefama.

Fkn 1: *…kaniccitiin kun galeef, ganamumaan akka dorgommii keessa jiru hubatee dorgommiisaa eegala. Kan hingalleef, guyyaafatee akka dorgommii keessa jiru hubata. Kaan qofaa dorgoma; kaan ammoo waliin waliin dorgoma. Yoo waliin imalan human godhatu, hamilees argatu. Yoo imalan jabaan laafaa jajjabeessa. Laafaan ammo jabaa ilaalee human godhachaa hunduu waliin imala. Gaafa waliin imalan gufuu nama dhooftus niigufatu malee, hinkufan*…(fuula 1).

Fkn 2: "… guyyaa dafinoo waaree booda samiifi lafti duumessa ulfaataan walitti duudhee bokkaan hamaan calaqqeefi kakawween wal make dhikkisaa roobaa ture reefuma qaqqallataa jira..."(fuula 11).

Fkn 3:

*…diinni fira jedhee namatti rigataa*

*dhadhaa nutti hixataa dhagaa afaan nuka'a…*

*… wallaalaa gorfachuuf,*

*beekaa gabbifachuuf,*

*dadhabaa tikfachuuf,*

*garaagarummaa hambisuuf,*

*tokkummaa jabeessuuf,…* (fuula 27-28)

Fkn 4:

*...yoon si duukaa bu'e najalaa sokkita*

*Yoon sidhiisee deeme ofiif nahordofta...*

*Yookaan tole jedhi*

*Yookaan dide jedhi*…(fuula 82)

Himicha keessatti kan walfaana hiriiran jechoota faallaa waliiti. Himicha keessatti kan walfaana hiriiran jechoota faallaa waliiti. Fkn 1-4 irratti jechoonni: qofaa_waliin, jabaa_laafaa, samii_lafa, diina_fira, dhadhaa_dhagaa, wallaalaa_beekaa, garaagarummaa_tokkummaa, hordofta_sokkita, tole_dide, jedhaman faallaa walii kan ta'aan argina. Kanaaf, xiyyeeffannoon barreessaa jechoota faallaan qabee yaada gara fuulduraatti seenaa asoosama sana imalchiisuu yaada dandeessisu qabaachuu isaati.

### 3.2.5. Fayyadama Jechamootaa

Jechamni jechoota adda addaa lama kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabatee yaada addaafi dubbiin kan ibsamu fayyadama afaaniiti. Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u. Jechamoota kana hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha. Haaluma kanaan, jechamoonni odeeffannoo kitaaba asoosama 'Imala Jireenyaa' jedhu keessatti argaman qabiyyeewwan adda addaa irratti xiyyeeffatu. Kunis, sodaa, roorroofi hadhaa akkasumas, ciinqii, injifannoo kan agarsiisaniidha.

Fkn 1: "…daakuu bishaan lixxe…"(fuula 9).

Fkn 2: "…koomeerra dhaabbatanii…"(fuula 65).

Fkn 3: "…afaaniifi funyaan…"(fuula 98).

Fkn 4: "…gurra muree…" (fuula 18).

Fkn 5: "…quba hinqabu…" (fuula 29).

Jechamoonni armaan olii hawaasni waliin dubbii guyyuu taasisu keessatti kan itti gargaaramudha. Fuula 9 irratti jechamni “daakuu bishaan lixxe” jechu kun, waan bu’aa dhabe tokko ibsuuf kan itti tajaajilamedha. Akkasumas, fuula 65, 98, 18fi, 29 irratti jechamoonni kunneen hiika mataa isaanii qabu. Isaanis: koomeerra dhaabbatanii jechuun baay’ee jarjaran yookaan ariifatan jechuudha. Afaaniifi funyaan jechuun, walitti dhiyoo jechuudha. Gurra mure jechuun, maqaa balleesse jechuu yoo ta’u, quba hinqabu jechuun immoo, odeeffannoo hinqabu jechuudha. Barreessaanis jechamoota kanneen fayyadamuudhaan ergaasaa dabarsuu danda’eera.

## Boqonnaa Afur: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana keessatti cuunfaa argannoofi yaboo qorannichaa meeshaa funaansa odeeffannootiin funaanamee cuunfamee dhiyaateera. Kunis hojii qorannichaa irratti hundaa‘uufi yaadota ka‘an bu‘uureeffachuun kan raawwatamu ta‘a. Kana malees, haallan itti fayyadama afaanii kitaabicha seenaa keessa jiru maal akka fakkaatau adeemsa qorannichi keessa darbe cuunfaa keessatti ibsameera. Itti aansuudhaanis argannoo qorannichaafi yaadni furmaataa duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

### 4.1. Cuunfaa

Qorannichi boqonnaa afuritti qoodamee kan dhiyaate yoo ta‘u, boqonnaa tokko keessatti afaan meeshaa waliigaltee ta‘ee kan namoonni bakka garaa garaatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchan ta‘ee dirreewwaan hojii adda addaa keessatti itti fayyadamni afaanii garaagaraa jiraachuu isaafi bakka itti fayyadamnu irratti hundaa‘uun addaa addummaan afaanii akka uumamuu ibsamee jira. Kaayyoon qorannoo xiinxala itti fayyadama jechootaa kitaaba asoosamaa Galfata kanaas maal akka fakkaatu xiinxaluun dhimmoota itti fayyadama jechoota barreeffama kitaabichaa keessaatti wal qabatan furmaata ka‘uuf akka gaggeeffame ibsameera.

Akkasumas, Saxaxni, mala qorannoofi tooftaalee xiinxala ragaalee qorannoo kanaa qindaa‘eera. Mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun gaggeeffameera. Sakkatta‘insi dookimantii kitaaba qorannichaaf filatamee taasifamee jira. Haalli ragaan itti qaacceffame ammoo, boqonnaa sadii keessatti dhiyaatee jira.

Boqonnaa lama keessatti sakatta'a barruu yaadrimee, maalummaa afaaniifi fayyadama afaanii wajjin walqabatan jechootaa, akaakuu jechootaafi wantoota fayyadama afaaniifi jechoota wajjin walqabatan irratti sakkatta'insi barruu walfakkii gaggeeffameera. Kunis, yaadrimeewwan maalummaaa afaaniifi fayyadaa afaaniin hidhata qaban ilaalamuunidha.

### 4.2. Argannoo

Qorannoo tokko wayita geggeeffamu argannoon qorannaa sanaa kaa'uun dirqama. Xiinxala itti fayyadama jechootaa kitaaba asoosamaa Galfata irraa hubatamuutti argannoowwan armaan gadii kaa'uun nidanda'ama;

- Kitaaba asoosamaa kana keessatti fayyadamni jechoota ergifannaa hedduuminaan hin argaman; akkasumas, itti fayyadamni jechoota: qaxalee, ogummaa akka hinjirre adda baheera. Kanafuu, kitaabicha keessatti filannoon jechootaa ofeeggannoon gochuun barbaachisaadha.
- Kitaabicha keessatti fayyadamni afaaniifi jechootaa mul'atan baay'inaan jechoota loogaan kan guutaman akka ta'ee ibsa raga adda baasee mul'iseera.
- Akka ragaan qorannichaa mul'isuutti fayyadamni afaaniifi jechootaa barreessaan kitaabichaa fayyadame jechoota safuu hawaasaa hin eegnee darbee darbee keessatti akka argaman mirkanaa'eera.

### 4.3 Yaboo Qorannichaa

- Barreeeffama keessatti jechoota filatamoofi jechoota idileetti fayyadamuun baayyee barbaachisaadha. Kanaafuu ogbarruun tokko barreeffamee osoo hin ba'in dura ergaa jechootni namoota warri qopheessan dhimma itti bahan sirritti ilaalamuu qaba. Kunis haala gaariidhaan jechoota hawaasa keessatti fudhatama qaban jechoota filatamoottikan gargaaramu ta'uu qaba.
- Hanqina fayyadama jechoota loogaa mul'atan seera afaan waalteessuutiin, koreen waaltina Afaan Oromootiin, ogeeyyii barnootaan, barsiisotaafi barattootaan akkasumas barreessitoonni gahee nurraa eegamu bahuun guddina afaanichaaf gumaachuun barbaachisaadha.

- Afaan tokko jecha mataa isaan yaada yaada isaa rakkina tokko malee dabarsuu danda‘an osoo jiruu dhiisnee afaan biroottti yookaanergifannaatti fayyadamuun guddina afaanichaa saffisuu irratti danqaa ta‘uu waan danda‘uuf ofeeggannoo gochuun barbaachisaadha.
- Fayyadamni afaanii barreeffama keessatti jechoota filatamoo ergaa dabarsaniifi safuu hawaasaaf bakka guddaan kennamee ciminaan irratti hojjetamuu qaba.

***Wabiilee***

*Abdulrahim Adam.(1995). Moggaasa: Barruulee Qormaata Waalta'ina Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhabbata Maxxansa Biiroo Aadaafi Ispoortii Oromiyaa.*

*Abdulsamad Mohaammad.(1995). Arraataa Afaan Oromoo.Wiirtuu: Baruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansa Biir Aadaafi Ispoortii Oromiyaa.*

*Addunyaa Barkeessaa.(2011). Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa. Finfinnee: Efficiency Printing Press.*

*Clark, H.(1996).Using Language.Cambridge: Cabridge University Press.*

*Daangaa Bayechaa. (2010). ―Fayyadama Afaan Oromoo Daldala Dhuunfaafi Gamtaa Magaala Suluultaa.Yunvarsiitii Finfinnee: Waraqaa Digirii Lammaffaa: Kan hin Maxxanfamne.*

*Dastaa Dassaalany.(2013). Bu'uura Qorannoo. Maxxaansa2ffaa, Finfinnee: Far East Trading PLC.*

*Gammachiis Zawduu.(2008).Xiinxala Haasbarruufi Fayyadama Afaan Oromoo Mana Murtii Aanaa Hidhaabuu Abootee WaraqaaDigirii 2ffaa, Yuunvarsiitii Finfinnee: Kan hin maxxanfamne.*

*Geetaachoo Rabbirraa.(2011). Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo Kutaa 9fi 10 Gulaallii 3ffaa max. 8ffaaAddisAbabaa: Kuraaz International interprize.*

*Lalisaa Indiris.(2017).Asoosama Dheeraa Galfata. Finfinnee. Ilsabaa Publishing*

*Mitikkuu Dhibbeessaafi Tashoomee Egeree. (1992). Seerluga Afaan Oromoo (Orla 114), Hidha 2ffaXiinjecha.Finfinnee.*

*O'Graday and Dobrooliskly. (1996).Contemporary Lingustic, An introduction thirded. Canada.*

**Waraqaa Mirkaneeffannoo**

Ani qorattuun maqaafi mallattoonkoo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsa. Hojiin kun kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanne, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kana dubbise hunda isaanii wabii keessatti kaasuu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

**Maqaa Qorattuu**:-________________________________

Mallattoo__________

Guyyaa ___________

**Maqaa Gorsaa**:- _________________________________

Mallattoo _________

Guyyaa __________